Jechoota namoonni Nabiyyummaa isa jalqabaa irraa dhaqqaban keessaa tokko: Yoo qaanfachuu baatte wanta barbaadde raawwadhu

Abuu Mas'uud irraa akka odeeffametti Rabbiin irraa haa jaallatu akkana jedhe: Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan: «Jechoota namoonni Nabiyyummaa isa jalqabaa irraa dhaqqaban keessaa tokko: Yoo qaanfachuu baatte wanta barbaadde raawwadhu».

[sirrii] [Bukhaariitu gabaase]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jechuudha himan: waan dhaamsi Nabiyyoota darban irraa keessatti dhufee, namoonni of giddutti waliif dabarsaa turan, Hanga jalqaba ummata kanaa gahutti dhaloota eega dhalootatii walirraa dhaalaa turan keessaa: Waan gochuu barbaaddu ilaali, waan irraa hin qaanfatamne yoo ta'e isa hojjadhu, waan irraa qaanfatamu irraa yoo ta'e immoo ofirraa isa dhiisi; Hojii badaa dalaguu irraa kan nama dhoorgu qaanii qabaachu waan ta'eef jecha, Namni qaanii hin qabne, safuu fi dalagaa xuraa’ummaa fi badii hundumaatti of kenna.

http://sunnah.global/hadeeth/om/show/4559